**Victorian Equal Opportunity & Human Rights Commission**



# Nageenya bakka amantii mirkaneessuu

## Sababa enyummaa koorniyaa ykn ibsama saalaa isaanii irraa kan ka'e miidhaa namoota amantii irra gahu ittisuu.

Waa'ee enyummaa koorniyaa ykn ibsama saalaa hawaasa amantii keessatti wal xaxaa ta'ee mari'achuu. Garuu namoonni saala makaa, tiraansii ykn saala dachaa ta'an hawaasa amantii isaaniitiin hin deggeraman taanaan, miidhaa cimaan akka isaan mudatu qorannoon nutti hima.

Bara 2022 keessa, seerri haaraan Viktooriyaa keessatti , *Seera Barmaatilee Saala Jijjiirsisuu ykn Rakkisuu Dhorku2021* kan ibsama saalaa ykn enyummaa koorniyaa namootaa jijjiirsisuu dhorkutu hojiirra oole. Namoota tiraansii, saala dachaa ykn koorniyaa wal makaa ta'aniif enyummaa isaanii mirkaneessuun fayyaa fi nageenya isaaniif gaariidha.

### Barmaatileen saala jijjiirsisuu maal fa'a?

Yeroo tokko tokko 'teeraappii geddersiisuu', jijjiirsisuu ykn dirqamsiisuu jedhama. Barmaatileen kunniin enyummaa koorniyaa ykn ibsama saalaa jijjiirsisuu ykn dhoksuuf yaaluu dha. Barmaatileen kunniinis:

- barsiisawwan
- gorsa
- kunuunsa amantii
- giddu seentummaa yaala ykn xiin-sammuu kan biroo fa'a dabalata.

Barmaatileen kunis barsiisa sobaa fi balaafamaa namoonni tiraansii, koorniyaa wal makaa ykn saala dachaa ta'an rakkoo qabu ykn ni abaaraman jedhu irratti hundaa'e.

Barmaatileen kunniin rakkina hamaa, jeeqama jabaa, rakkoo fayyaa yeroo dheeraa fi carraa of ajjeesuu dabaluu isaaniitiif ragaan ni jira.

### Barmaatilee akkamiitu seeraan ala?

Guraandhala 2022 irraa eegalee, Viktooriyaa keessatti barmaatileen saala jijjiirsisuu dhorkaadha. Saala jijjiirsisuu ykn geddersiisuu seerichi akka armaan gadiitti hiika:



Akka seeraatti barmaatileen saala jijjiirsisuu ykn geddersiisuu miidhaa ykn miidhaa jabaa qaqqabsiisan nama adabsiisu. Kunis kanneen armaan gadii dabalata:

- Barmaatilee miidhaa qaamaa ykn xiin-sammuu yeroo gabaabaa ykn dhaabbiin hordofsiisan
- Barmaatilee miidhaa jabaa hordofsiisan – miidhaa lubbuuf sodaachisu ykn ulfaataa fi yeroo dheeraa ta'e
- Barmaatilee miidhaa hordofsiisuuf jecha Viktooriyaa keessaa nama fuudhanii deemuu
- Beeksisa barmaatilee saala jijjiirsisuu ykn geddersiisuu.

Osoo namichumti enyummaa koorniyaa ykn ibsama saalaa isaa jijjiirsisuuf ykn geddersiisuuf deggersa gaafatee illee, barmaatilee kana raawwachuunis ta'ee bakka itti hojjetamu odeeffannoo kennuun seera cabsuu dha.

*Seerri kunis namoonni kunniin osoodhuma jijjiirraa ykn geddersiisuu kanaaf hin saaxilamiin amantii isaanii akka geggeeffatan mirkaneessuuf kan ba'e dha.*

### Ogeeyyii Fayyaa fi xiin-sammuu

Ogeeyyiin fayyaas sadarkaa ogummaa isaanii keessatti tajaajila yaala fayyaa fi xiin-sammuu kennuu itti fufuu qabu. Kunis namicha gara tajaajila fayyaa ykn xiin-sammuutti akka deemu odeeffannoo kennuu dabalata. Ogeeyyiin fayyaa waantota kanneen hin kabajne akka seera cabsanitti lakkaa'amu.

## Gaheen Komishinii Mirga Namoomaa fi Carraa Wal-Qixaa Viktooriyaa maali?

Komishinichi:

- Gabaasawwan barmaatilee saala jijjiirsisuu ykn geddersiisuu fudhachuun bu'aa isaa ni hordofa, kunis gara qaama birootti dabarsuu dabalata.
- Barmaatilee saala jijjiirsisuu hamaa, qinda'aa fi walitti fufaa ta'e qorachuu
- Dhaabbilee amantii, dhiheessitoota fayyaa fi amantootaaf barnoota xiyyeeffannoo kennuu.

## Barmaatilee saala jijjiirsisuu akkamiin gabaasu

Barmaatilee saala jijjiirsisuu yoo agartan ykn hubattan, Komishinii Mirga Namoomaa fi Carraa Wal-Qixaa Viktooriyaa tti gabaasuu dandeessu.

**Bilbila** 1300 292 153
**Turjumaana** 1300 152 494
**Iimeelii** enquiries@veohrc.vic.gov.au
**Toora irraan** humanrights.vic.gov.au/get-help/

## Gargaarsaa fi deggersa

Balballi Sabbata waaqaa odeeffannoo ispeeshaalistii, deggersaa fi tajaajilawwan riferaalaa LGBTIQ ni kenna.

**Bilbila** 1800 729 367
**Ergaa Gabaabaa** 0480 017 246
**Iimeelii** support@rainbowdoor.org.au

## Leecalloowwan dabalataa

**Waa'ee Seera Dhorkaa Saala Jijjiirsisuu ykn Geddersiisuuf**
humanrights.vic.gov.au/change-or-suppression-practices/about-the-csp-act/

**Koree Daneessummaa Aadaa GLBTIQ Awustiraaliyaa – Qaama ol'aanaa daneessummaa aadaa fi amantii namoota ykn garee LGBTIQ**
agmc.org.au